**Ati Maalitti Gammaduuf qopha'aa jirtaa?**

Bar tokko namicha sooressa tokkotu biyya tokko keessa ture. Namichi kunis qotiisa qaba ture. Guyyaa tokko Midhaan inni qote toleefii jennaan garaa isaatti akkas jedhe, "Yaa namummaa koo, waggaa baay'eedhaaf kan si ga'u waan gaarii hundumaa lafaa qabda; amma egaa dhimma hin qabaatin, taa'ii, nyaadhuu, dhugii gammadis! " (Luqa.12:19) Waaqayyo immoo namicha badhaadhaa kanaan akkas jedhe, " Yaa gowwaa edana lubbuu kee si duraa fudhachuuf jiru; egaa kan ati qopheessite kun hundinuu eenyuuf ta'a ree? " Yesuusis itti dabalee, " Namni badhaadhummaa ofii isaatiif tuullatee, Waaqayyo biratti immoo badhaadhaa hin ta'in, kunoo akkas in ta'a! " jedhe.

Yaa fira koo, namichi badhaadhaan kun maal bal'eessee? Lafa kana irra bara jiraatuuf waan isa ga'u bilcheeffateera. (Hubadhu sassaabachuuf yeroo hin argatnee!) Garuu boqonnaa galgalaa, Yeroo lafa kana irraa godaanu waan itti gammadu hin qopheeffanne! Akka yaada namicha kanaatti, lafa irra gaafa hundumaa kan jiraatu itti fakkaateera. Biyya lafaa irratti umurii dheeraan qaba jedhee ti yaade. Namni jiraachuufis buddeenni/nyaatni qofaan waan ga'aa ta'ee itti argameera. Sitti maaltu argamaa jiraa?

Namichi gowwaan kun egaa gombisaa isaa jijjiiree kan biraa ( guddaa isaa ) ijaaruuf ; midhaan isaas walitti qabatee yeroo dheeraa taa'ee nyaachuu utuu karoorsuu, Yeroo inni itti hin Yaadinitti lubbuun isaa duraa fudhatame. Wanti inni karoorfatee fi



qopheeffates isaaf hin taane. Dhiisee sokke! [ Namichi kun gowwaa kan jedhame namootaan ykn yaada isaan otuu hin ta'in Isa garaa nama hundumaa beeku Waaqayyoon!]

Gowwummaan nama kanaa hojjetachuu isaa irraa hin dhufne. Karoorfachuun isaas cubbuu hin turre. Garuu garaa isaa waan darbu qofaa irratti hidhachuu isaatu isa galaafate! Waa'ee mana isa bara baraan keessa jiraatuu dhimma hin godhanne! Godoo isa yeroo muraasa keessa jiraatu qofaatu isa mo'ate. Yaa michuu koo, Yaadni garaakeetii maalitti hidhamee jiraa? Waa'ee jireenya bara booddee karoora fi qophii qabdaa laata?

Jireenya har'a jiraatuun fuula Waaqayyootti gowwaa moo ogeessa jedhamtaa? Atis namummaa keetiin, '**kan si ga'u qabdaa!**' kan ati jettu maal inni? Yoo, akkuma namticha waa'ee isaa dubbifatte kanaa, Buddeena [waan har'a mul'atu] qofaatti gammaduuf qophooftee jirta ta'ee, dhumni kan kees kan baa'ee nama gaddisiisu ta'a. Guyyaa lubbuun kee si irraa fudhatamtu inni ati walitti qabattus nama inni ta'uuf hin beektu.

Gooftaan Yesuus akkas jedhe, " Namni nyaata duwwaadhaan hin jiraatu, dubbii afaan Waaqayyoo keessaa ba'u hundumaan malee. " kanas jechuun namni **jiraachuu** yoo



barbaadee, Waaqayyoon dhagahuu fi dubbii isaa eeguutu isa barbaachisa. Waaqayyos nama hundumaa waan hubachiisuu barbaadu qaba; "Lubbuun isa cubbuu hojjetu haa du'u! " (Hisq.18:20) "Beenyaan nama cubbuu hojjetuu du'a" (Rom.6:23). "hundinuu Yakkaniiru ulfinni waaqayyoos isaanitti hir'ateera"(Rom.3:23). Kunis namootni hundinuu du'a jalaa dandeetti ittiin bahan akka hin qabne agarsiisa. Garuu immoo Waaqayyo akkas jedha " Namni jal'aan karaa isaa irraa deebi'ee akka jiraatu malee, ani dhugumaan du'a isatti nan gammadaa ree?" (Hisq.18:23) 'Namni dubbii koo dhaga'ee karaa koorra yoo adeeme jireenya ni argata.'

Tarii amma ati akkas jetta ta'a, "Ani hojii gaarii baay'een qaba. Yeroo baay'ees nan sooma. Waan manni amantaa ana gaafatu hundumaas nan raawwadha… kanaafuu ani jannata rabbiitti nan gala". Hojii gariin ati goote hundumtuu ba'eessa. Garuu isa Waaqayyo siin jedhu dhageessee karaa isaa irra yoo adeemte malee iddoo jireenyaa ga'uu hin dandeessu. **<u>Karaa isa sirrii irra hin jirtu taanaan gara hin feene[gara du'a bara baraa] dhaqaa jiraachuu kee ammuma beeki!</u>**

Waaqayyo waa'ee Yesus akkas jedhe, "Kun ilma koo isa ani jaalladhu, gammachuunkoos isatti in raawwatama; isa dhaga'aa!" (Matt.17:5). Yesus immoo akkas jedha, "Garaan keessan hin raafamin, Waaqayyotti amanaa, anattis amanaa" (Yoh.14: 1). "karichi, dhugaan, jireenyis ana; anaan yoo ta'e malee eenyu iyyuu gara abbaa hin dhufu! " (Yoh.14:6) "Dhuguma,

dhuguman isinitti hima, dubbii koo dhaga’ee isa ana ergetti kan amanu jireenya bara baraa qaba; inni du’a keessaa gara jireenyaatti darbe malee, gara firdii hin dhaqu ”(Yoh.5:24). Kitaabni qulqulluunis akkas jedha, “ Waaqayyo, akkasumatti tokkicha ilma isaa hamma kennutti biyya lafaa jaallate; kun immoo isatti kan amanu hundinuu jireenya bara baraa haa qabaatuuf malee, haa baduuf miti! ” (Yoh.3:16).

Yesus itti dabalee, “ Namni biyya lafaa guutummaatti yoo buufate, lubbuu isaa garuu yoo dhabe bu’aan isaa maal ree? Ykis namni gatii lubbuu isaa maal kennuu danda’a ree?” (Luq. 16:26) “Ani jireenya akka qabaattaniifan dhufe” (Yoh10: 7-10) “Ana karri dhugaan; anaan olgalaa.” (Yoh.10:10) jedhe.

Egaa Yesusitti amantee yoo jiraatte, guyyaa lafa kana irraa godaantu ulfinatu si eeggata. Yesus, “Du’aa ka’uun jireenyis ana. Namni anatti amanu yoo du’e illee in jiraata” (Yoh.11:25) jedhe. Isatti amannaan dhuguma gammachuu fi boqonnaa guddaatu si eeggata. (Matt. 11:28-30) . sooressi gowwaan sun ofuma isaatii sooroma lafa irraa qabuun of jaje malee Waaqayyo biratti garuu deegaa homaa hin qabne ture. Biyya lafaa irraa yemmuu deemus dhipinatu isa eeggata.

Yaa obboleessa/obboleettii koo, tarii atumti iyyuu gowwummaan yeroo dabarsaa jirta ta’a. Adaraa kee gammachuu fi ulfina yeroo gabaabduu ilaaltee isa bara baraa sana keessaa of hin dhabsiisin! Waaqayyo si jaallata hoo! Amma iyyuu harka isaa bal’isee akkas jechuu kee eega, “Yaa Waaqayyo, gooftaa isa



hundumaa uumtee fi jiraachiftuu, ani gara keettan deebi’aatii atis araaraan gara kootti deebi’i. Cubbuu koo hundumaas anaaf dhiisi. Karaa jireenyaa isa ta’e ilma kee Yesusitti nan amanaa. Atis isaaf jedhii na simadhu. Jireenya ati karaa isaa kennitus fudhadhee jiraachuuf amma fuula kee duratti waadaa nan gala. Egaa kana booda jireenya si biratti badhaadhaa ta’e jiraachuuf ana gargaari.

Gooftaa Yesus, ati har’aa kaaftee gooftaa jireenya koo anaaf ta’i. Ameen. ”


Kadhata kana garaa kee irraa kadhatte yoo ta’eef ati kana booda jireenya haaraa jalqabdeetta. Jireenya haaraa kana itti fufuufis ta’ee keessatti of eeguuf: 1.Waaqayyoon kadhadhu 2. dubbii Waaqayyoo dhaga’i/ dubifadhu 3. amantootaa Wajjiin tokkummaa uummadhu. Waaqayyoo si haa eebisu!

**Gaaffii ykn yaada yoo qabaatte teessoo kanaan nu qunnami ykn nuuf barreessi:**

Sagalicha Dhiigicha Hafuuricha
teklu@sagalichadhiigichahafuuricha.com



# YESUS JIREENYA




# Jireenyatti Gammadi!